

DISCOVER
ITS BEAUTY

Kutaa 1ffaa

# FIIXEE QARSAA CABBII QOFAA

DR. NAAJII IBRAAHIIM



# Fiixee qarsaa cabbii qofaa

## 'Isa' …

- Yaada gaarii, ilaalcha gaarii fi miira gaarummaa namoota biroof akka qabaannu nu kakaasa.
- Dhiifama namaaf gochuu, akkasumas waan ofii keenyaaf jaallannu namoota biroof jaallachuu nu barsiisa.
- Garaa qulqulluun akka kolfinu, akkasumas gammachuu fi abdii akka qabaannu nu kakaasa.
- Namoota biroo ulfinaa fi kabajaan akka ilaallu nu qajeelcha.
- Walitti dhufeenyi nuti namoota waliin qabaannu amala fi haala gaariin kan guutame ta'uu akka qabu nu ajaja.
- Bineensota, simbirrootaa fi naannoo keessa jiraannuuf gara laafummaa akka qabaannu nu barsiisa.
- Maatii keenyaa fi maanguddoota akka kabajnu fi kunuunsinu, akkasumas hiriyaa gaa'elaa, ijoollee fi miseensota maatii keenyaaf gaarii akka taanu nu qajeelcha.

**Waa'ee 'isaa' beekuuf fedhii qabdaa? Mee bal'inaanin isiniif qooda! Akkasumas…**

- Namoota dadhaboo, hiyyeessotaa, harka qalleeyyii fi qaama miidhamtoota ta'an akka nyaachifnu fi deeggarru nu jajjabeessa.
- Arjaa, gargaaraa fi tumsa akka taanu nu qajeelcha.
- Hojii tola ooltummaa fi tajaajila hawaasaa irratti bobba'uudhaan yaada gaarii akka qabaannu nuuf dhaama.



- Ilmaan namootaa hundarra caalaan warra namoota biroof waan gaarii godhan akka ta'e nutti hima.
- Namoonni kabajamoo fi ulfaataa ta'an warra irra caalaan soda rabbi qabani fi qajeelummaa guddaa qaban, garaan isaanii qulqulluu fi inaaffaa, jibbaa fi of-tuulummaa irraa qulqullaa'e ta'uu isaanii mirkaneessa.
- Akka yaadnu, xiinxalluu fi sababeeffannu, akkasumas amantii fi murtii keenya ragaa irratti akka hundeessinu nu kakaasa.

**Iccitii isaa osoon hin ibsin dura, mee dabalataan…**

- Ilmaan namaa hundi gosa, bifa ykn saba isaanii osoo hin ilaalin walqixa akka ta'an nu barsiisa.
- Appaartaayidii, loogii gita irratti hundaa'ee fi sanyummaa gosa kamiinuu ni dhorka.
- Nageenya akka eeggannu, nagaa akka babal'isnu, nagaa fi walii galteen lafa kanarra akka jiraannu nu ajaja.
- Haqa namootaatti akka hin darbine, ykn qarshii ykn qabeenya isaanii akka hin hanne nu qajeelcha.
- Namoota qulqulluu ajjeesuu, akkasumas gantummaa, gowwoomsaa fi waliigaltee cabsuu dhorka.
- Jibbaa fi diinummaa namoota biroo irraa akka fagaannu nu qajeelcha.
- Namoota akka hin miine, duuba isaanii akka hin hamanne, akka itti hin qoosne ykn akka hin tuffanne nu qajeelcha.
- Namoota kaan akka hin gowwomsine, soba akka hin dubbanne ykn hamaa akka itti hin yaadne nu ajaja.



- Gara dhugaa, haqa, amanamummaa, arjummaa fi gad of qabuutti nu qajeelcha.
- Uumaa keenya, ofii keenyaa fi namoota biroo wajjin hariiroo gaarii akka qabaannu nu qajeelcha.
- Rabbiin (Waaqa dhugaa tokkicha) Uumaa hundaatti amanuu fi isa qofa gabbaruu akka qabnu nuuf ibsa.
- Aadam, Nuuh, Ibraahiim, Muusaa, Iisaa, Muhammad (nageenyi fi rahmatni Rabbii isaan irratti haa jiraatu) dabalatee Ergamtootaa fi Nabiyyoota Rabbii hundatti amanuu nu barsiisa.

**Dhugumatti, dhugaa fi milkaa'ina isa dhumaa, tasgabbii sammuu dhugaa, gammachuu dhugaa, fayyinaa fi jireenya bara baraatti nama geessa.**

'inni' maal akka ta'e isiniif haa himu ...



MASJIIDA KABAJAMAA, MAKKAA,
SA’WUDI ARABIYA

# Islaamummaadha!

Sammuun namaa loogii ykn dhiphinaan booji'amaa yoo ta'e bareedina ykn dhugaa Islaamummaa gon-kumaa beekuu hin danda'u!

Tarii dubbistoonni tokko tokko duraanuu waa'ee Islaamaa yaada dogoggoraa qaban ta'a.

Tarii akka miidiyaadhaan fakkeeffame qofatti hubatani ta'a, shororkeessitoota irratti xiyyeeffachuun namoota muraasa kan osoo amantiin isaanii amantii biraa ta'es shororkeessitoota ta'an.

Tarii waa'ee Islaamaa madda dhugaa hin taane ykn loogii irraa dubbisanii ykn dhaga'aniiti ta'a.

Maalumaafuu, waa'ee Islaamaa odeeffannoo amanamaa ta'e argachuuf fedhii yoo qabaattan, kaayyoo fi sammuu qulqulluu ykn banaa ta'een kixiqqaa (booklet) kanaa fi walfaannee ***Bareedina isaa qorachuu*** jedhamu akka dubbistan isin affeera. Kitaabni kunis bareedinaa fi salphaa ta'uu amantaa Islaamaa kan agarsiisudha.

Kana males, mata duree kana keessatti waa'ee wantoota armaan gadii bal'inaan argachuu dandeessu:

- Yaad-rimee qulqulluu Rabbii dhugaa tokkicha, Rabbii Uumaa.
- Akkaataa uumama yunivarsii.
- Uumama keenya.
- Kaayyoo jireenya keenyaa.
- Hafuura keenya.



MASJIIDA AL-AQSAA,  Al Quds, Paalastaayin

- Yaad-rimee ibaadaa (rabbiin gabbaruu).
- Kaayyoo jireenyaa.
- Karaa gammachuu dhugaa fi gammachuu isa dhumaa itti argattan.
- Jireenya itti aanu keessatti bakka dhumaa keenya.

Akkasumas, waa’ee:

- Amantii Aadam fi Hawwaa.
- Bu’uura Islaamaa.
- Gaaffii murteessaa dhala namaa deebisuu.
- Maqaa isaa gaggaarii.
- Mul’ata dhumaa.
- Ergamaa xumuraa.


MASJIIDA NABIYYII, MADIINAA, SA'WUDI ARABIYAA

# Islaamummaan Gaaffii Murteessaa Dhala Namaa Deebisa

**Islaamummaan gaaffilee murteessoo dhala namaa kanneen akka:**

- Dhugaan dhumaa maali?
- Eenyutu nu uume?
- Rabbiin jiraa?
- Rabbiin keenya inni dhugaan eenyu?
- Raajiin/Ergamaan Waaqayyoo inni dhumaa eenyu?
- Eenyuun waaqeffachuu qabna?
- Nuti eenyu?
- Sababni nuti as jirruf maali?
- Erga duunee booda maaltu ta'a?
- Jireenyi itti aanu maal fakkaata?
- Bakki dhumaa nuti deemnu maali, Jannata moo Ibidda Jahannam?
- Nageenya sammuu dhugaa, milkaa'inaa fi gammachuu dhugaa argachuu kan dandeenyu akkamitti?
- Jireenya bara baraa argachuu kan dandeenyu akkamitti?





MASJIIDA SULXAAN AHMAD, ISTAN-
BUL, TARKII

# Goolaba

Waa'ee Islaamumma maddoota dhugaa fi amanamoo ta'an irraa hamma baay'istanii dubbistanii fi barattaniin, amantiin dhugaa Aadamiif Hawwaa fi sanyii isaanii hanga dhuma addunyaa amantii Islaamaa ta'uu isaa ni hubattu. Amantiin Islaamaa salphaa, loojikaala, ifaa, qabatamaa fi hunda galeessadha.

Bareedinni Islaamummaa daangaa hin qabu, uumaa/rabbii daangaa hin qabne irraa waan dhufeef.

Rabbiin dhugaa tokkicha, Allaah, Qur'aana bareedaa fi hin jijjiiramne keessatti akkana jedha:

> ***{Har'a Amantii keessan isiniif guuteera, ni'imaawwan kiyyas isin irratti guuteera. Amantiis Islaama isiniif jaaladheera.}*** (5:3)

Rabbiin dhugaa tokkichi (Allaah) Muhaammad (rahmataa fi nageenyi Rabbii isa irra haa jiraatu) Nabiyyii Isaa isa dhumaa fi xumuraa, dhala namaa hundaaf (Yihuudota, Kiristaanota, Muslimoota, Hinduuwwan, Budiistota, warra Rabbiitti hin amanne, warra Agnostkii, fi kanneen biroof ergamaa ta'uu isaa nutti hima).

Rabbiin qajeelfamaa fi ifa Isaa namoota hundaaf dhiyeesseera. Iccitii fi furtuuwwan ittiin tasgabbii fi quufa, akkasumas nageenya hafuuraa/ruuhii fi nageenya addunyaa argachuu akka dandeenyu nuuf ibseera.

Islaamummaan dhugaa barbaaduu keenya keessatti haqa, ogeessa, garaa qulqulluu, amanamaa, kaayyoo fi sammuu banaa (qulqulluu) ta'uu nu barsiisa.

**Dhugaa fi bareedina Islaamaa qoradhaa!**

# Hiika maqaa ijoo Islaamummaa keessatti

**Allaah:** maqaa sirrii Waaqa dhugaa tokkichaa fi Uumaati. Kanneen armaan gadii maqaa fi amaloota Rabbii keessaa muraasa: Gooftaan Rahmatni isaa Bal'aa Gooftaa, Gara-laafaa, Rahmata godhaa, Gooftaa Ol'aanaa, Qulqulluu, Bualchaa, Eebbifamaa, Madda Nagaa fi Guutuu, Abbaa Murtii, Hundumaa beekaa, Kan Hunda Argu, Hunduma Dhaga'aa, Guddaa, Hundaaf Dhiifama godhaa, Hundarra Ol'aanaa.

**Muhammad:** Nabiyyii Rabbii isa dhumaa Allaah irraa, Waaqa dhugaa tokkicha. Rabbiin dhala namaa hundaaf ergamaa godhee isa erge . Muhammad namootni Rabbii isa Uumaa ta'e qofa akka gabbaran ajaje. Nabi Muhaammad umurii isaanii guutuu ergaa kanaa fi barsiisa Islaamaa namoota birootti dabarsee, dhala namaatiif fakkeenya gaarii ta'aniiru.

**Qur'aana Ulfina qabeessa ta'e:** Jecha Rabbii isa dhumaa akka Nabi Muhammaditti bu'etti. Quraanni waa'ee uumama rabbii beekumsa guutuu ta'een dubbata. Dhugaa mul'isuudhaan ilma namaa karaa dhugaatti affeera. Namoota hubachuu fi barsiisa isaa hojiirra oolchuuf yeroo carraaqanitti sadarkaa hafuuraa, naamusaa, hubannoo sammuu fi hawaasummaa isa olaanaatti ol guddisa.



Rabbiin Afaan Arabaatiin



Rabbiin (Waaqa dhugaa) kadhatu



Qur'aana Ulfina qabeessa



Muhammad afaan Arabaatiin

**Islaamummaa:** jechuun Waaqa dhugaa tokkichaaf bitamuudha. Islaamummaan karra jireenya gammachuu, qabiyyee fi jireenya bara baraa Rabbii tokkicha dhugaa fi ergamaa Isaa isa dhumaa Muhaammaditti amanuudhaan, akkasumas ragaa kana dhageessisuun akka ta'e nu barsiisa: "Rabbiin malee gabbaramaan biraa akka hin jirre ragaa nan ba'a, akkasumas Muhammad Ergamaa Rabbii ta'u isaanii ragaa nan ba'a." Akkasumas Islaamummaan Waaqayyoo fi Nabiyyoota isaatti amanuun qofti tasgabbii sammuu, gammachuu, fayyina argachuuf gahaa akka hin taane nutti hima! Fedhii Rabbiis, Rabbii Uumaa qofaaf ajajamuu fi gabbaruu qabna.

**Muslimni:** nama Rabbii Uumaatiif (Allaah) bitama ta'eedha. Muslimoonni Rabbiitti iimaana ni qabu, hojii gaggaariille ni hojjatu. Abboommii Muhammad, Iisaa fi Nabiyyoonni hundi barsiisanii fi ajajaman kan akka Waaqa dhugaa tokkotti amanuu, kadhachuu, sujuuduu fi jilbeenfachuu, ibaadaa, sooma, sadaqaa kennuu, "yoo Waaqayyo fedhe (Inshaa Allaah)" gara fuulduraatti waan tokkoof, akkasumas nagaa Iisaa fi Raajotaan "Nageenyi siif haa ta'u (Assalaamu alaykum)" jedhu fayyadamuudhaan.

**Masjiidni (Masjida):** jechuun bakka sujuudaa qulqulluu kan Muslimoonni irra caalaa salaataa fi waaqeeffachuuf (ibaadaaf) itti fayyadaman agarsiisa. Kana malees, Masjiidni giddugala tasgabbaa'aa fi nagaa qabeessa ta'e kan Allaah (Rabbiin) yaadachuu fi Isa kadhachuu, Qur'aana kabajamaa qara'uu, akkasumas waa'ee barsiisa Islaamaa fi qajeelfama Nabi Muhaammad ﷺ barachuuf adda ta'eedha. Tajaajila amantii, hawaasummaa, tola ooltummaa, fi barnootaa hawaasaaf kan kennuudha.

# Fedhii waan haaraa beekuu qabdaa?

Waa'ee Islaamaa odeeffannoo dabalataa fi bal'aa ta'e argachuuf fedhii yoo qabaattan marsariitii keenya daawwadhaa:

**www.discoveritsbeauty.com**

## Walfaannee Bareedina isaa Qorachuu:

1. **Fiixee qarsaa cabbii qofaa**
2. **Amantii Aadam fi Hawwaa**
3. **Bu’uura Islaamaa**
4. **Gaaffii murteessaa dhala namaa deebisuu**
5. **Maqaa isaa gaggaarii**
6. **Mul’ata dhumaa**
7. **Ergamaa xumuraa**

## MARSARIITII ISLAAMAA BU'AA QABEESSO TA'AN:

http://www.allahsquran.com

http://www.quranexplorer.com

http://www.islamhouse.com

http://www.edialogue.org

http://www.islamreligion.com

http://www.newmuslimguide.com

http://www.guidetoislam.com

# Ragaa Iimaanaa (karra Islaamummaa):

“Rabbiin malee gabbaramaan biraa akka hin jirre ragaan baha, Muhammad Ergamaa Rabbii akka ta’es ragaa nan ba’a.”

Afaan Arabaatiin akkas jedha:

أَشْهَدُ أَنْ لَا إِلَٰهَ إِلَّا اللهُ وَأَشْهَدُ أَنَّ مُحَمَّدًا رَسُولُ اللهِ

kan akkanatti dhaga’amu:

**ASH-HADU AN-LAA ILAAHA ILLALLAAH,**
**WA ASH-HADU ANNA MUHAMMADAN**
**RASUULU-LLAAH.**

Kun ragaa iimaanaa namni tokko Islaamummaa fudhachuuf sagalee dhageessisuu qabuudha; dhugaa, bareedinaa fi salphaa ta’uu Islaamaa gabaabsee ibsa.






GLOBAL ACADEMY FOR TRANSLATION AND EDUCATION (GATE)
LONDON | THE UNITED KINGDOM

Kan hiikame AL ANDALUS GROUP LTD
http://www.alandalusgroup.org

كتاب رأس الجبل الجليدي بلغة الأورومو